

BARNOOTA MUUZIQAA KUTAA 5FFAA

QABIYYEEWWAN KEESSA DEEBIIN KENNAMAN

Hagayya 2020

Seensa

Barnoonni muuziqaa manneen barnoota keessatti adeemsa jiruufi jireenya uummataa kan barsiisu akkasumas barnoonni muuziqaa guddina yaad sammuu barattootaatiif faayidaa guddaa kan qabudha. Barattoonni barnoota muuziqaa gammadaa ittiin bashannanaa baratu, barnoota isaaniis gabbifatu.

Bu’uura kanaan qajeelcha kana keessatti qabiyyee fi mata dureewwan barnootaa sadarkaa isaaniitin gurmaa’anii qindaa’uun boqonnaa 4-7ffaa kan qabatedha. Akka gadi fageenyaa fi baldhina boqannaatiin wayitiin barnootaa ramadamanii jiru. Haala kanaan barattoonni jijjiirama karaa beekumsaa, dandeettii fi amantaa bifa fiduu ittiin danda’aniin tartiiba eeggatee akka Biyya keenyatti weerarri dhukkuba Covid -19 sababa nu quunameef barnootni ji’oota muraasaaf adda cituunsaa ni beekama rakkoo kana giddu galeefachuudhaan qabiyyeewwan muraasa keessa deebii gochuudhaan barnoota kutaa itti aanuuf bu’uura akka ta’u bu’uura waan ta’eef guyyoota barnootaa mara qisaasame bakka buusuun murteessaa ta’ee argameera. Barattootni kana hubatanii bakka hanqina isaanii guutachuudhaan cimanii beekumsa gahaa argatanii gara kutaa itti aanutti dabarsuun gaarii dha.

1. Barbaachisummaa

Sababa dhukkuba Covid-19 bara 2012 tti sadarkaalee barnoota hundatti barnootni utuu hin xumuramiin gara kutaa itti aanuutti darban gochuun kutaalee barnootaa hunda gidduutti kan jiru kan walsimefi kan milkaa'e akka ta'uuf qofa utuu hin ta'iin, qulqullina barnootaarratti dhiibbaa guddaa fiduu akka danda'u ni beekama. Haata'u iyyuu malee mudannoo mudannoo akka sadarkaa biyyaatti numudate kana keessa bahuuf barnoota sam.2^{ffaa} baratamuu qabu guyyoota keessa deebiif kenname kanaaf qooduun barataan dandeettii, beekumsa gahaa ta'e akka gonfatan taasisuudha.

2. Kaayyoo

Barattootni sababa dhukkuba COVID-19 barnoota utuu hin baratiin hafaniif qabiyyeewwan barnootaa xumuruun dandeettii, beekumsaafi gahumsa horatanii sadarkaa kutaa itti aanuttii akka darban gochuudha.

3. Xiyyeeffannoo

- Baayyinni barataa dabaluu yoo kaan hir'achuu
- Barattootni gara mana barumsaa dhufuu dhiisuu
- Hanqina yeroo
- Leeccaloon barnootaa dhabamuu
- Qabiyyeen baay'achuu
- Dhimmamtootni barnootaa marti itti gaafatamummaa isaanii sirnaan bahuu dhabuu

4. Barsiisaaf Qajeelfamni jiru (Qajeelcha Barsiisaa)

- Qophii gahaa qabiyyee irratti gochuu. Akkasumas adeemsa baruuf barsiisuu muraasatti fayyadamuu.
- Guyyaa hojii dabalataa fayyadamuu (sambat-xiqqaa)

- Guyyaa barnoota gubateef bakkabuusuuf kaayyoo isaa beekuu
- Guyyaa barnoota gubate bakka buusuuf barattoota kaayyoo isaa hubachiisuu
- Nageenyaafi fayyummaa baratootaaf of eegannoo gochuu
- Raawwii isaa hubatanii fooyyessanii dhiyeessuu

Barsiisootni weerara dhukkuba COVID-19 baratootni barnoota isaanii utuu hin baratiin hafan qabiyyeewwan gurguddoo hafan ilaaluudhaan kutaa barnootaa itti aanu eegaluu dura kutaa duraan barachaa turan barachuu qabu jedhame kan taa’e qabiyyeewwan gurguddoo ta’an ilaalamuudhaan sagantaa kenname irratti hundaa’uudhaan adeemsa baruuf barsiisuu mijataa taasisuufi xiyyeeffanaa itti kennuun baayyee barbaachisaa dha. Haaluma kanaan sanada qophaa’e kana haala mana barumsaa wajjin walsimsiisuun kaayyoo kana galmaan gahuuf gaheen barsiisaa olaanaa dha.

Barnoota Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kutaa 5ffaa semisteera 2ffaa

Bara 2012 tti sababa dhibee COVID-19 barnootni seemisteera 2ffaa waan hin xumuramneef bara 2013 tti wayitii 1 keessatti barattoota barsiisuuf qabiyyee filataman, Baayyina wayitii kenname ibsaa fi raawwii adeemsa baruuf barsiisuu gabatee armaan gadii irratti ibsameera.

Lak.	Qabiyyee	Torbee	Baayyina wayitii	Sababa qabiyyeen filatameef /Rational/	Ibsa (beekumsa, gahumsa, ilaalcha, raawwii adeemsa baruuf barsiisuu)
1	OQONNAA AFUR SOOLFEEJOO 1. Hiikaa Soolfeejoofi Faayidaa isaa	1ffaa	1	Maalummaa soolfeejoofi faayidaa isaa akka beekaniif.	Barsiisaan tooftaa baruuf barsiisuu salphaa ta'eefi barattootaaf galuu danda'u fayyadamuun barsiisuu
2	BOQONNAA SHAN MUUZIQAA DHAGGEEFFACHUU Barannoo 1 1.1 Sirboota Sabaafi Sablammootaa dhaggeeffachuu	2ffaa	1	Barattoonni faayidaa muuziqaa dhaggeeffachuun qabu akka barataniif.	Barsiisaan tooftaa baruuf barsiisuu salphaa ta'eefi barattootaaf galuu danda'u fayyadamuun barsiisuu

Lak	**Qabiyyee**	**Torbee**	**Baayyina wayitii**	**Sababa qabiyyeen filatameef /Rational/**	**Ibsa (beekumsa, gahumsa, ilaalcha, raawwii adeemsa baruuf barsiisuu)**
3	**BOQONNAA JAHA** **SEENAA MUUZIQAA** **Barannoo 1** **1.1 Seenaa Muuziqaa Oromoo** **Barannoo 1** **1. Seenaa Muuziqaa Jabana Durii**	**3ffaa**	**1**	**Barattoonni hubannoo seenaa muuziqaa Ammayyaafi Jabana durii ni hubatu.**	**Barsiisaan tooftaa baruuf barsiisuu salphaa ta'eefi barattootaaf galuu danda'u fayyadamuun barsiisuu**
4	**BOQONNAA TORBA** **MEESHAALEE MUUZIQAA** **1.1 Akaakuu meeshaalee muuziqaa**	**4ffaa**	**1**	**Barattoonni beekumsa ramaddii meeshaalee**	**Barsiisaan tooftaa baruuf barsiisuu salphaa ta'eefi barattootaaf galuu danda'u fayyadamuun barsiisuu**

	Afuuraa naannootti argamanii fi akkaataa itti fayyadaminsa isaa:			**muuziqaa akka beekaniif.**	

Hub:

- Kutaa 6ffaa'f Wayitii barnootaa torbanitti 1 (tokko) tu kennamaaf.
- Kutaa 6 ffaa'f boqqonnaa barattootni utuu hin baratiin hafan boqqonnaa 4-7 tu keessa deebii baratoota kutaa 6ffaa'f kennama.
- Akka waliigalaatti wayitii 4 (Afur) guyyaa barnootaa 30 keessatti kennama